

# KANA BEEKTU LAATA?

NAMOOTA 24 KEESSAA 1 KAANSARII  
GARAACHAA NI QABATA.



Kaansariin garaachaa dhiiraa fi dubartoota walqixa miidha.



NAMOOTA 5 KEESSA 1 UMURII 54 GADITI  
QABAMU.



# ✓ur:

Waa'ee qorannoo siif gaarii ta'e hakiima kee

waliin haasa'i.

**BARADHA.**

**QORATAMA.**

## GET YOUR **REAR** IN GEAR®



Get Your Rear in Gear®, Tour de Tush®, and Caboose Cup™ are the signature fundraising events of the Colon Cancer Coalition. Held in nearly 40 cities annually, funds raised stay in local communities to build screening, awareness, and patient support programs.

Find an event near you at  
[coloncancercoalition.org/events](https://coloncancercoalition.org/events)

For more information about colon cancer, visit:  
[coloncancercoalition.org](https://coloncancercoalition.org)

Help us increase awareness by  
liking, sharing, and following us.



Get Your Rear in Gear® and Tour de Tush® are registered trademarks of the Colon Cancer Coalition. Caboose Cup™ is a trademark of the Colon Cancer Coalition 2023.

# QORANNOO KANSARRA GARAACHA: 101

**Baradha. Qoratama.  
Qaanii sana irra aana.**



# FILANNOOWWAN QORANNOO

## Qorannoo manati sagaraan godhamu

Qorannoowwan kun dhiigaa fi/ykn seelii hin baramne sagaraa keessan keessa jiru barbaadu. Kittooni qorannoo poostaadhaan deebi'anii ergamu ykn gara ogeessa kunuunsa fayyaa keessaniitti deebi'u. Yoo dhiigni ykn wanti hin baramne argame, qorannoong garaachaa (colonoscopy) barbaachisa.

- Qormaata Imiyunokeemikalii sagaraa(FIT): waggaa waggaan
- Qormaata Dhiiga Dhoksaa Manca'aa Miira Ol'aanaa (FOBT): waggaa waggaan
- Qorannoo DNA sagaraa: wagaa 3tti al tokko

## Mana Yaala

Yeroo daawwannaan kanaatti, hakiimni kee garaachaa fi futee(xiixuu) kee poliippii ykn ragaa kaansariif ni ilala. Kolonoskoopiin yeroo baayyee akka ulaagaa warqeetti kan ilaalamu yoo ta'u, yeroo argaman poliipsii balleessun kaansarii ittisuu danda'a. Qormaatin kunniniq qulqullina garaachaa guutuu barbaadu. Dhiiga fudhachuun ragaa kaansarii dhiiga keessan keessa jiru kan barbaadu yoo ta'u, dhukkubsattoota balaa giddu galeessaa qabaniifi qorannoo garaachaa ykn sagaraa irratti hundaa'e xumuruu hin dandeenyef ykn fedhii hin qabneef ni gorfama.

- Kolonoskopii: waggaa 10tti al tokko bu'aa fayyaan\*.
- Kolonoskopii qaaman hin rawwatamne: waggaa 5tti\*.
- Sigmoyidoskopii socho'aa: wagaa 5tti+
- Qorannoo dhiigaa\*\*

\*Doktorri kee seenaa fayyaa kee fi bu'aa kanaan duraa irratti hundaa'uun yeroo adda addaa qorannoo si gorsuu danda'a.

+ Yoo poliippii ykn tishuun hin baramne argame guutummaa garaachaa qorachuu kolonoskopii ni barbaachisa.

\*\* siif ta'uu fi dhiisuu isaa murteessuuf ogeessa kunuunsa jalqabaa fi dhaabbata inshuraansii kee waliin haasa'i. Yoo bu'aan qorannakee sirri miti ta'ee kolonoskopii barbaachisu danda'a.

## Yaadannoo waa'ee poliipsii kolooreektaalaa sadarkaa olaanaa qabu.

Yoo yeroo qorannoo garaachaa poliipiin baafame, waa'ee qorannoo duraan ykn yeroo baay'ee ofi keetii fi firoota kee sadarkaa tokkoffaa (warra, obbolaa fi ijoollie) doktora kee gaafadhu. Yeroo yerooti akka qoratamu gorfamu dandeessa.

# GORSA KOLONOSKOPII

Filannoont qorannoo kamiyyuu kaansarii garaachaa argachuu fi ittisuuf kana kolonoskopii caalaa bu'a qabu hin jiru. Yaaddoo hir'isuu fi colonoscopy kee caalaatti mijataa gochuuf tarkaanfiwwan sadan kana hordofi.

## 1. Bellama qabadhu.



Waa'ee cimaan kolonoskopii irratti bilbilani beellama qabachu ta'u danda'a. Akka hojji irra guyyaa boqonna fudhatu sammuti qabadhu, kunis qophii isaa fi guyyaa qorannoofi.



**Gorsa dabalata:** Kolonooskoopii wiixata ganamaaf saganteessi, sana booda dilbataa qophii gochu dandeessa, akkasitti guyyaa tokko qofa hojji irraa hafuu dandeessa. Fi bellamichi ganama bariin godhi kunis sabaaba somaan deemtu fi yeroon sana booda nyaachuf!

## 2. Qophaa'i.



Garaachi qulqulluun poliipsii argachuu fi balleessuuf salphaa taasisa. Qajeelfama hakiima kee irraa kennamu hordofuu fi burjaajii kamiyyuu dursitee ogeessa fayyaa kee waliin qulqulleessuu kee mirkaneessi.

Yeroo baayyee ujummoo bullaa'insa nyaataa qulqulleessuun nyaataa salphaa guyyoota hedduu dura nyaachuu fi guyyaa duraa nyaataa dhangala'aa qulqullu nyaachuu jechuudha. Kushiina keessan wantoota kanaan guuta:

- ruuzii adii, paastaa fi daabboo
- Dinnichaa (gogaa hin qabne).
- fuduraalee fi muduraalee qaruuraa
- dhangala'aa fuduraalee qulqulluu (abaaboo hunda caalaa gaarii dha).
- Jell-o (garuu halluu diimaa, burtukaana ykn diimaa irraa fagaachuu).
- dhugaatii lallaafaa qulqulluu (akka Sierra Mist ykn 7-up, kilinikoonni hedduun biiraa hundee illee ni hayyamu!).
- bunaa fi shaayii (aannan ykn kiriimii hin qabu).
- marqaa



**Gorsa dabalata:** Qophii hakiimni keessan ajaju bu'a qabeessa ta'u fi dafee akka hojjetu mirkaneessuuf guyyoota muraasa dura foon fi fuduraalee fi muduraalee haaraa nyaachuu daangeessaa.

Hakiimni kee qoricha garaachaa dhangala'aa ni ajaja. Dhugaatichi akka gadi bu'u gargaaruuf:

- Dhangala'aa sana qabbanaa'ee akka turu gochuu
- Karaa qoree dugda afaanii kaa'ameen dhuguu
- Mi'aa dhaamsuuf karameellaa jajjaboo ykn loomii xuuxuu



**Gorsa dabalata:** Qajeelfamni dhugaatii bira (akka Gatorade) waliin makamuu yoo ta'e dhugaatii sana mi'aa jaallattu waliin hin makiin – kana booda kan jaallattu hin ta'u!

Guyyaa qophii mana fincaaniitti dhihoo ta'uun barbaachisaa dha. Namoonni baay'een waraqaa mana fincaanii dhiisanii haxooftu jiidha qabu fayyadamuu adeemsaa kana caalaatti mijataa akka ta'u argatu.



**Gorsa dabalata:** Gogaa kee eeguu fi miira namaati hin tolle tokko tokko salphisuuf qophii jalqabuu kee dura kiriimii hemorrhoid (ykn dibata dayiparrii illee) dibadhu. Sana booda akka barbaachisummaa isaatti irra deebi'iib dibadhu.

## 3. Tasgaba'i



Guyyaa qormaataa boqonnaa argachuu barbaachisaa dha. Yaaddoon dabaluu adeemsaa kana mijataa akka hin taane gochuu danda'a. Waa'ee qoricha tasgabbeessuu, adeemsaa isaa, ykn miira namaaa hin tolle to'achuu gaaffii gaafachuu hin sodaatinaa.

Erga kolonoskopii kee booda, waa'ee bu'aa isaa gaaffii gaafadhu. Sana booda yoom akka kolonoskopii itti aau gochuu qabdu, ykn tarkaanfiwwan dabalataa fudhachuu qabdu yoo jiraatan barbaadi.



**Gorsa dabalata:** Hiriyaan ykn namni jaallattu si waliin eegun dirqama. Isaanis boqonnaa akka argattu si gargaaru, akkasumas adeemsaa booda nyaataa nyaachuu si waliin ta'uun danda'u. Ni beelofta!